# 26. AKKA RAAGOTI WAAN D’UFAANSA BAASATIFI WAAN WOLD’AQIIISA

## HAARAA FADDE.

Bara hayyooti lafa Israelitifi lafa Yuda fide, Waaqi raagota gumii isaati erge akka nama chubbu hojjate wolaala iti mure kha chubbu irra deebie Waaqati abdatu ammo waan naasu Waaqa beesisu. Wonti d’ibin raagoti gumii Waaqa qaabsifte waan d’ufaansa Baasa kha Waaqi duri gumii isaati kakhate, kha d’ufe gumi Waaqa chubbu jala baasu.

Raagole gugurdo keessa tokko kha Isaya jed’ani akkan jed’e, “Intalti dubra garaachoofte, ilma deete, maqa isaa Imanueli baaftiifi. Maqaan isaan yaamani Hayyu Nagayaati. Mootummaan isa iti deebie ind’umu.” Inni ammalle waan jed’e, Baasani akka oola qalma geesani jira, kha ato gaargalchanille ufii hindubanne, isa gooyesani, duuba du’a dukkubi hamtu qabdu du’a akka gati chubbu nama chufa baasu. Raagoleen ammale akka Baasa duisa keesa kaasani infadde. Fakeenna, akka Baasani Waaqi gumii isaati kakhate lafa Bethlehemu keesa d’ufu fa, akka harkaa fi miili isaaleni woraanamu fa, akka qarsi sodomaatini gurguramu fa, akka it’aa buufatani woya isa gargari qoodatan fa.

Raagoleen ammalle waan KAKHUU HAARAA kha Baasan Waaqi gumii isaatii kakhate muumessulle infadde. Waaqi raga Yeremia kees bahe waan jed’e, “Gumiini tiyya ya wold’aqiisa kiya chabsite ammo anini Wold'aqisa haraa anini worra waliin tolfad’a; anini seera kiyya qalbi worra keesa kaye, garaa worraa keesati t'aafa. Anini Waaqa worraa tahe, worrileeni gumi tiyya taha.”

Waaqi ammalle waan waanum sun fakaata raga Ezekieli keesa bahe dubbate waan jed’e, “Anini garaa haareesafi qalbi hareeti isanii kenna. Anini garaa keesani jajaba aka d'akha suni jijire, garaa laana ka Waaqaa saalfatu isanii kenna. Anini lubbu tiyya isani keesa kaye, seera kiyyafi aada anini isanii kenne ch'ufa isani guuchisiisa.”

Eegi gumiin Waaqa Yerusalemuuti deebite man Waaqa ijaarte, Waaqi haga ganna d'ibba afuri kara raagoleetini iti dubbachu inlakkise. Ammo bara gaargala kha lallaafinna kha gumiini Waaqa bulchiinsa lafa d’ibii jala jirtulle, gumiin Yahudii hagi tokko kakhu Waaqa ta d’ufaansa Baasa qaabatani, obsaafi d’arra guddooni eegatani.

**Fagiisa waan d’ufaansa Baasaa kha Wold’aqiisa dullacha keesati fagani.**

| Qajeeltu Kakhuu | Fagiisa | Qajeeltu guutamsa fagiisa suni |
|---|---|---|
| Isaya 9:7 | Inni barchuma Daudii ind’aala | Matayo 1:1 |
| Mika 5:2 | Fula d’aLutua isa. | Matayo 2:1 |
| Danieli 9:25 | Guyya Sanyiin d’alattu. | Luka 2:1-2 |
| Isaya 7:14 | Eentu isa d’ala. | Matayo 1:18 |
| Yeremia 31:15 | Akka ijolle heddu ijeesan. | Matayo 2:16 |

| | | |
|---|---|---|
| Hosea 11:1 | Akka inni gara Misiri baqatu | Matayo 2:14 |
| Isaya 9:1-2 | Hujii isa ta Galilaya keesa. | Matayo 4:12-16 |
| Faaru 110:4 | Akka inni akka Melkizedekii qaalu tau. | Ebrania 6:20 |
| Isa 53:3 | Akka Israeliin isa mormattu | Yohana 1:11 |
| Isa 11:2 | Bifa isa | Luka 2:52 |
| Zek 9:9 | Akka inni Yerusaleemu seenu | Matayo 21:1-11 |
| Far 41:9 | Akka jaali isa isa gurguratu | Mariko 14:10 |
| Zek11:12-13 | Akka qarsi sodomatin isa gurguratan | Matayo 26:15 |
| Far 27:12 | Akka d'araan isa himatan | Matayo 26:59-62 |
| Isa 53:7 | Inni yo himatan suni hinch'allise | Matayo 26:62-63 |
| Isa 50:6 | Isa d'aanani hanchufa iti tufani | Mariko 14:65 |
| Far 69:4 | Akka akkasumati isa jibbani | Yohana 15:23-25 |
| Isa 53:4-5 | Akka inni nama d'ibii gaargale | Matayo 8:16-17 |
| Isa 53:12 | Akka chubbaleyi waliin fannisan. | Matayo 27:38 |
| Far 22:16 & 19:37 | Harkaafi miila isaalle iworaanani Yohana | Yohana 20:25-27 & Zek 12:10 |
| Far 22:6-8 | Akka isa gooyesani arrabsani. | Matayo 27:39-44 |
| Far 69:21 | Akka had'ooftu inni d'ugu iti kennani | Yohana 19:29 |
| Isa 53:12 | Akka inni nyaapole isaatii kad'ate | Luka 24:34 |
| Far 22:18 | Woya isa hit'aa buufatani qoodatan | Mariko 15:24 |
| Far 16:10 | Akka inni duiisa keesa kau | Luka 24:1-8 |
| Far 68:18 | Akka inni gubbati oli galu | Luka 24:50-51 |
| Gen 12:3 | Akka kara isaatini eebiti Abrahamuu nuu d'uftu. | Gal 3:14-29 |

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Wonti atin jireenna kanke keesati ganna heddu eegachuuti jirtu tokollen injirti? Nama si bira taauti himi.

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-**

- **Hujiin raagota maani?**
  - Hujiiin raagota waan ule Waaqatiifi naasu isa gumi Waaqa beesisu. Worri ammalle d'ufaansa Baasaati fi eenumma isaatifi waan inni d'ufe hojjatulle gumi Waaqa beesisani.

- **<u>Oduu tan keesati akkami dandeenne amanamumma Waaqa argina?</u> Akkas jechuuni; Raagumsi jabaani waan d'ufansa Baasaa kha raagoleen dabarsite kami fa?**

  - Waan Isayani fage.
    - Akka inni intal dubra irra d'alatu
    - Maqaan isa Imanueli, Waqi nuwaliin jira.
    - Harkaafi miila isaalle iworaanani.
    - Maqaan isa Hayyu Nagayati gurguratani.
    - Mootummaan isa inhobbau.
    - Inni akka oola qalma geesani jira
    - Ingaargalchani ammo ufii indubbatu
    - Due gati chubbuu nama hedduu baasa.
  - Waan raagoleen d'ibiin fadde:
    - Isa duisa keesa kaasani.
    - Inni Bethlehemuu baha.
    - Qarsi sodomaatini isa
    - Jaala isaati isa gurgurata.
    - Chubbaaleyi waliin isa fannisani
    - Hit'aa buufatani woya

- **Wold'aqiisi Haarani Yeremiaafi Ezekieli himani sunini maani? Akkamiini amanamumma Waaqa argina?**
    - Qalbiifi onneeni worra injijiiramti.
    - Anin Waaqa worra tahe worilleni gummi tiya taha.
    - Onne d'akhaa worra keesa baase onne laaftu worra kees khaaya.
    - Hafuura Qulqullo worraa kenna akka worri dandae Seera guutu.

- **Yahudiini hedduni obsaani d'ufaansa Baasa Waaqi gumi isaati kakhate eegatte! (fakkenna, Simionifi Annaani) Raagomsi kunnini akkami dandae d'ugeefacha Israeelii ijaare?**

- **Waan Wold'aqiisa Haaraa herregu, raagomsi kunini akkamiin guutame?**

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u> :**

- Waaqi Waaqa kakhu ufii guutu. Waaqi kakhu heddu Kitaaba keesati gumii isaatii gale. Kakhuuni tunini tami fa? Me kakhu sun chu'ufaa t'aafi.

- Akka Waaqi Wold'aqiisa Haara keesati kakhu tana ch'ufa guute argina. Tunini akkamiin dandeete ilaalcha kanke kha Kitaaba keesati qarqaarsa sii taati, keesumaati akka Kitaabi dhugeefatamu? Yo Dubbiin Waaqa ta d'ugeefatamte taate, tunini akkamiini dandeette jireenna kanke jijiirti?

- Worri Yahudii ka Kakhu Waaqa d'ugeefate, obsaan d'ufaansa Baasaa eegate. Tunini abdi woraa kennite. Abdi jireenna arraatifi kha jireenna gadi dufullee dandeenne eesati arganna?

**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):** ( Tokko yokhaan lama filadhu.)

- **Kakhun Waaqa ta atin guyya arra d'ugeefachun siti jabaate tami?** Eesa fulaan atin abdachu dad'abde? Fulaan atin waan d'ugeefachu d'abdeefi araara galuu malte jirti? Oduun tunini akkamiin dandeete gara si jabeesiti?
- Waaqi namafi raagole keesa bahe gumi isa ta boojiani lafa d'bi geesaniti dubbate. Kara kamiin Waaqi dandae arra siini hojjate d'uga isa nama d'ibiiti hima? **Torbaan kana nami atin deemte oduu isa iti himtu eenu?**